Barruu akkaataa Manatti qorannoon hancufaa itti kennamu

[Muuziqaa Bohaarsaa]

[Seenessa] Akkaataa manatti qorannoon hancufaa itti kennamu.

Isteetiin Minnesota fi Tajaajilli Fayyaa 'Vault' wal ta'uudhaan tajaajila kan qorannoo hancufaa manatti taasifamu nama maraaf tola kennuuf murteesse jira.

Yeroo meeshaan qorannoo kun si qaqqabu, emailiin akka qorannoonkee qaqqabee sihubachiisu fi hidhaan(link) ati ittiin marsariitii 'Vault' argachuu dandeessutu siif ergama. Qorannoo COVID-19 kana hanga danda'ametti dafii fudhadhu. COVID-19 yoo qabaatte, daftee baruunkee akka ati daddarbiinsa isaa daftee to'attuuf si gargaara.

Qorannoo hancufaa kana manatti gargaaramuuf, interneetii gaarii, bilbila hammayyaa'aa yookiin kompiwutera Laaptooppii Kaameera qabu si barbaachisa

Qorannoo kana osoo hin fudhatiin daqiiqaa 30 dura osoo hin nyaatin, hin dhugin , hin xuuxiin yookiin waa hin alaanfatin turi.

Erga qorannoo kana fudhachuuf qophoofteen booda, sa'aa qorannoon adeemsifamutti marsariitii 'Vault' seeni (Dilbata-Kamisaa sa'aatii7wd-sa'aatii 7 wb, Jimaataaf Sanbata sa'aatii 7wd-sa'aatii 5wb). Beellama qabachuu sin barbaachisu.

Kutaa eeggannoo sarara kallattiin seenta. Yoo namoota hedduutu guyyaa sana qorannoo isaanii adeemsisaa jira ta'e, turtee eeggachuutu sirra jira. Hagasitti garuu qorannoo kana hin fudhatin.

Too'ataan qorannoo 'Vault' vidiyoodhaan si quunnamee akkaataa itti qorannoo kana fudhattu toraan sitti agarsiisa . Hancufa kee dhimistuu ujummoo ykn bilqaaxiitti qabatee jirutti tufta. Hancufa hanga barbaachisu kennuudhaaf daqiiqaa 10 – 12 fudhachuu mala.

Too'ataan qorannoo kanaa akkaataa ati itti qorannoo kee cuftee gara laabiraatooriitti ergitu siif hima.

Qorannoonkee eraga raawatee fii sirriitti cuqaalameen booda, akka gara laaboraatooriitti siif erganiif ariitiin poostaa UPS kan dursee itti kaffalamen saanduqa UPS keessa buusii ykn gara mana poostaa UPS itti geessi. Saanduqa UPS ykn mana poostaa UPS kan sitti dhiyoo jiru beekuuf agarsiiftuun marsariitii UPS irra jiru gargaaramuu dandeessa.

Erga naamunan kee laaboraatoorii ga'een booda argama qorannoo keetii sa'atii 24 – 48 keessatti argachuu qabda.

Gaaffii yoo qabaatte, nama afaan siif hiiku yoo barbaadde, ykn gargaarsa addaa yoo si barbaachiseef lakkoofsa bilbilaa 800-800-5698 bilbili ykn emeela accessibility@vaulthealth.com irrati afaan barbaadduu ykn gargaarsa feetu ibsi. Fayyummaa uummata keenya eeguuf waan qorannoo kana fudhatteef galatoomi!

Qorannoo COVID-19f Odeeffannoo dabalataa yoo barbaadde mn.gov/covid19 ilaali

[muuziqaa bohaarsaa]

Minnesota Department of Health
Communications Office
PO Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
651-201-4989
health.communications@state.mn.us
www.health.state.mn.us

2/2/21 (Oromo)
Odeeffannoo kana bifa gara biraatiin argachuudhaaf bilbila kana bilbili: 651-201-4989